# Ejensii Babali’ina Waldaalee Hojii Gamtaa Oromiyaatti

# Qajeelfama Qabiinsa herreegaa fi Bulchiinsa Faayinaansii Waldaalee hojii Gamtaa Oromiyaa

Amajjii, 2016

Finfinnee

## Qajeelfama Qabiinsa herreegaa fi Bulchiinsa Faayinaansii Waldaalee hojii Gamtaa Oromiyaa

Waldaaleen hojii gamtaa Naannoo Oromiyaa hundeeffama isaanii irraa egalanii sirna qabiinsa herregaa fi bulchiinsa faayinaansa of danda'e diriire sadarkaa isaa eggatae dhabuun isaanii, hojiwwan akka waldaalee hojii gamtaatti raawwatamaa jiranii fi Miseensota isaatiif faayidaa guddaa kennaa jiran karaa iftoomina qabuun raawwachuu irratti hanqina mul'atuudha. Qabeenyaa fi baajeta waldaalee hojii gamtaa gulantaa herreegaa kennameefii ramaddii herreegaa beekame jalatti galmaa'ee buluu dhabuun rakkoo guddaa ta'uu irraa darbee namni qabeenyaan waldaalee hojii gamtaa harka jiru yeroo korewwanii fi hojjettonni waldaalee hojii gamtaa duraanii hojii gadi lakkisan deebisuu dhabuun rakkoo hojimaata sirrii ta'e dhabuu irraa akka ka'e bekamaadha.
Kanaafuu, Waldaalen hojii Gamtaa kaayyoo dhabbataniif galmaan gahuudhaa fi tajaajila guutuu ta'e miseensoota isaaniif keennuudhaaf akka isaan dandeessisuuf sochiiwwan faayinaansii fi qabeenyaa isaanii haala kanaan dura baratameen raawwachuu irraa of qusachuudhaan rakkoowwan bulchiinsaa fi raawwii hojii faayinaansii fi qabeenyaa irratti kanaan dura isaan mudatan maqsuudhaan qophii baajataa, Herrega funaanamu , kaffaltii, qabiinsa herregaa fi hordooffii keessaa akkasumas, bulchiinsa qabeenyaa ga'umsa, si'aayina fi bu'aa qabeessummaa qabu taasisuuf sirna fi qajeelfamoota bulchiinsa faayinaansii siyataa fi ifa ta'e qopheessun hojiirra olchuun barbaachisaa ta'ee argameera.

Haaluma kanaan Qajeelfamn qabiinsa herreegaa fi Bulchiinsa FaayinaansiiWaldaaleehojii gamtaa kun aangoo Labsii Waldaaalee hojii gamtaaNaannoo Oromiyaa lako. 218/2011keewwata 75 keewwata xiqqaa 2 kennameefirraatti hunda'uudhaan kan qophaa'edha.

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

**Qajeelfamn qabiinsa herreegaa fiBulchiinsa Faayinaansii Waldaalee hojii Gamtaa Oromiyaa Lakkofsa ______ bara 2016**" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Daangaa Raawwatiinsa Qajeelfamichaa

Qajeelfamn kun Waldaaalee hojii gamtaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti sadarkaan gurma'ani jiran irratti raawwatiinsa ni qaabata.

3. Hiika jechootaa

1. "**Bulchiinsa maallaqa callaa**" jechuun galiin Waldaaalee hojii gamtaa /sassaabame haala dafee baankiitti galii itti taasifamuu fi kaffaltiin karoora maallaqa callaa irratti akka hundaa'uu kan dandeesiisu dha.
2. "**Fedhii baasii maallaqa callaa**" jechuunbu'uura hojimaata kanaan tokkoon tokkoon kuutaleen hojii Waldaaalee hojii gamtaa raawwatiinsa hojii bara baajatichaaf kan eeyyamameefmaallaqa herrega baankii Waldaaalee hojii gamtaa yookiin kaazinaa keessatti galii taasifamee keessaa kaffaltiif akka oolu baajata kaffaltii, hamma maallaqa kaffaltii barbaachisuu akaakuu kaffaltii, gita herrega baasii fi yeroodhaan adda baasee kan dhiyeessuu dha.
3. "**Herreega Baankii**" jechuun Mallaqaherreega lakoofsa baankii mqaaa waldaa hojii gamtaatiin saaqqachuun maallaqni Waldaalee hojii gamtaa ittiin socho'uuf herrega Baankii waldaa hojii gamtaa keessa jiran keessatti banamu dha.
4. "**Herreega Funaanamu**"jechuun herreega gurgurtaa tajaajilaa ykn meeshaalee liqii dhaan raawwatamee waldaaleen hojii gaamtaa miseensota isaanii, dhaabbilee mootuummaas ta'e dhuunfaa birodhaaf, ykn namoota dhuunfaa tiif tajaajila kennanii ykn meeshaa itti gurguranii qaama tajaajila kenneef ykn meeshaanitti gurgurame irraa maallaqa osoo walitti hin qabin; maallaqa waldaaleen hojii gamtaa qaamoota adda addaa irraa tajaajila argachuuf ykn meeshaa bituuf jecha dursaan kaffalee (*pre-paids*) hojii irra ooluusaatiif (tajaajila ykn meeshaa maallaqni dursaan kaffalameef sirriitti argamuu /dhiyaachuu isaa tiif) ragaan hin dhihaatiniif; herreega waaldaalee hojii gamtaa qaamoota adda addaa tiif maallaqa callaadhaan liqessee osoo hin sassaabamiin /hin deebifamin/ jiru hunda jechuudha,
5. **"Sanada Wabii dhaan liqeessuu (Credit sales with Promissory notes)"** Jechuun **Sanada** wabiidhaan liqeefamu, ***sanada mana kuusaa, sanada waadaa*** fi ***boondii***ni dabalatee jechuudha.
6. **"Lakkaawwi /Inventory"** jechuun meeshaalee warshaalee waldaalee hojii gamtaa keessaatti kan omishaman, adeemsa omishaa irra kan jiraan (work in process),

meeshaalee dheedhii omishaaf oolan fi meeshaalee bitamani gurgurtaaf yokiin itti fayyadamuudhaaf qophaawanii jiranu lakkaa'uu jechuudha.

7. **"Kaazinaa"** jechuun itti gaafatamummaa qabaa maallaqaa jalatti kan eegamu ta'ee maallaqni callaan, cheekiin, sanadan, uunkaaleen gatii qabanii fi albuudaaleen kabajamoon waldaalee hojii gamtaa kan keessa taa'ani dha.
8. **"Kaffaltii"** jechuun maallaqa Waldaaleen hojii gamtaa madda galiwwaan adda addaa irraa walitti qabamee (kaazinaa/ lakkoofsa herreega baankii) jiru keessa maallaqa dhimma hojii waldaatiif sirna baasii hordofee raawwatamu jechuudha.
9. "**Liqeeffataa**" jechuunDambii fi Qajeelfama liqii Waldichaa irratti hundaa'uudhaan yeroo murtaa'e keessatti Maallaqa liqiin fudhate deebisuudhaaf Waldicha waliin Miseensa waliigaltee taasise jechuudha.
10. "**Maallaqa callaa**" jechuun gabaa irraatti meeshalee waljijjiirraa bittaa fi gurgurtaan ittiin raawwatamaan ta'e diinaroota saantima, maallaqa waraqaa, cheekiiwwan baankiin mirkanaa'an fi Notiiwwan akka maallaqa dheedhiitti lakkaawamaniif baankiif yemmuu dhiyaatu baankichi battalumaatti amma gatii maallaqa sana irratti barreeffame jiru (face value) jechuudha.
11. **"Mala kaffalaltii"** jechuun maallaqa Waldaalee hojii gamtaa qaama kaffaltiin raawwatamuuf maallaqa callaa dhaan, ykn cheekiidhaan, ykn xalayaa kireediitiitiin ( letter of credit), ykn dabarsa maallaqa fayyadamuudhaan kaffaltii raawwatuu jechuudha.
12. **"Qabeenya dhaabataa"** jechuun qabeenyaa waldaalee hojii gamtaakan mul'atuu fi hin mula'anne (tangeble & intangeble assets) kamiyyuu yeroo dheeraa ta'eef kan turan, lafa osoo hin dabalatiin qaamaan kan mul'ataan hojii fi piroojektii Waldaaleen hojii gamtaa adeemsisan yeroo ammaatti tajaajila irratti kan argaman qabeenyaawwan waggaa tokkoon olitti bu'aa diinagdummaa qaban jechuudha.
13. **"Mata duree Herreegaa"/Chart of Account/**jechuun Gosaa fi sochiiwwan herreegaa Waldaaleen hojii gamtaa itti fayyadamanii fi soschii herregaa irratti hundaa'uudhaan maqaa fi lakkoofsa koodii kennamu jechuudha.
14. **"Xalayaa Ajaja kaffaltii"** jechuun karoora maallaqa callaa irratti hunda'uu dhaan uunki kaffaltiin ittiin gaafatamuu fi raawwtamee qaama kanfaluuf darbu jechuudha.
15. **"Ogummaa addaa"** jechuun hojii Waldaaleen hojii gamtaa ogeessa qacaranii hojjechiisaa jiranii ala hojiwwan geggeessa jiran keessatti hojii ogummaa addatti ogeessa isaan barbaachisuu jechuudha.

4. **Kaayyoo Qajeelfamn qabiinsa herreegaa fi Bulchiinsa Faayinaansii Waldaalee hojii gamtaa:**

1) Faayinaansii fi qabeenyaan waldaalee hojii gamtaa haala diinagdeewwaa fi bu'aa qabeessa ta'een hojiirra oolchuudhaaf,
2) Sirna faayinaansii fi qabeenyaan Waldaalee hojii gamtaakaroora hojii faayinaansii fi Fizikaalaa Yaa'ii Waliigalaa waldaaleemirkaneessan irratti hundaa'uudhaan akkasumas karoorichi kaayyoo karoorfameef qofa hojiirra akka oolu taasisuudhaaf,
3) Sirni too'annoo fi hordoffii faayinaansii fi qabeenyaa Waldaalee hojii gamtaasirnaan hojii irra akka oolu taasisuudhaaf.
4) Kenniinsi tajaajila faaynaansii fi qabeenyaan Waldaalee hojii gamtaa siyataa fihaala itti gaafatamummaa qabuun hojiirra akka ooluu gochuuf.

5. **Hojiilee Gurguddoo qabiinsa herreegaa fi Bulchiinsa Faayinaansii WHG**

1) Waldaalee hojii gamtaa keessatti bulchiinsi faaynaansii fi qabeenyaagatii /faayidaa walgitu argachuu isaa tilmaama keessa galchuun sirriitti qabamuu isaanii fi baasii hir'isuudhaan qusannaa ol'aanaan,dinagdummaan, gahumsa qabuu fi karaa bu'aa qabeessa ta'een faayidaa irra oolchuu,
2) Maallaqni Waldaalee hojii gamtaa kaayyoo karoorfamee fi hanga Yaa'ii waliigalaa Waldaatiin murtaa'e qofaan hojiirra oluu isaa mirkaneessun, sirnni too'annaa keessaa cimaa fi naamusa ogummaa faayinansii irratti hundaa'e akka diriiruu taasisuudha,
3) Hojimaata Galii fi Baasii Waldaalee hojii gamtaa ilaalchisee dhimmoota faayinaasii yaada keessa galuu qaban bu'ureffachuudhaan akka qopha'anii qaama ilaallatuun mirkanaa'ee hojiirra akka olan taasisuu.
4) Bulchiinsi fi raawwiin faaynaansiifi qabeenyaa waldaalee hojii gamtaakamiiyyuu bu'uura qajeelfama kanaatiin kan raawwate ta'uu isaa hordofuu,
5) Itti gaafatamtoota fi hojjaatoota Waldaalee hojii gamtaa keessatti argamaan hundaaf haala itti fayyadama fi hoji irra oolmaa sirna faaynaansii fi qabeenyaa waldaalee hojii gamtaa ilaalchisee hubannoo ni kenna.

6. **Bara Herreegaa (Accounting Period)**

Barri herreegaa Waldaalee hojii gamtaa Qonnaa**Onkoloolessa 1 hanga Fulbaana 30** Yummu ta'u, Waldaaleen hojii gamtaa biroon**Adooleessa1 hangaWaxabajjii 30** ta'a.

## 7. Sirna Qabiinsa Herreegaa Bu'uuraa Waldaalee hojii gamtaa (Basic Accounting System)

Sirni qabiinsa herreega bu'uuraa kun akkaataa odeeffannoon faayinaansii fi qabeenyaan waldaalee hojii Gamtaa ragaalee sassaabamu, xiinxalamu, galmaa'u, qindaa'uu fi Sirnaan itti gabaafamuu dhimmota armaan gadii bu'ureffatee ta'uu qaba.

1) Sirni fi hojimaatni herreegga waldaalee hojii gamtaa fedhii fi sochii hojii waldaalee hojii gamtaawaliin kan walgite akkasumas, to'annaa fi karoora maallaqa callaatiif deeggarsa kan godhu ta'ee diriirfame ta'uu qaba.
2) Sirni herreegni waldaalee hojii gamtaa ittiin hojjatamu, sirna qabiinsa galmee herreegga dachaa (*double entry accounting system*) irraatti hunda'uu qaba.
3) Raawwatinsi galmee fi gabaasaa sochii faaynaansii fi qabeenyaa waldaalee hojii gamtaa qajeeltoowwaan qabiinsa fi galmaa'an sochiiwwan herregaa Addunyaan irraatti hojechaa jiru Istaandardii Gabaasa Faayinaansii Idili Addunyaa **(International Financial Report Standard)**hordofuu qaba.
4) Qophiiwwan galmee fi gabaasa sochiiwwan herreegaa waldaalee hojii gamtaakamiyyuu seeroota fi qajeelfaamoota faayinansii biyyattii hordofuun iftoominaan qophaa'uu qaba.
5) Waldaalee hojii gamtaa waggaadhaa- waggaatti sirna galmee fi gabaasaa sochiiwwan herreegaa walfakkataa (Jijiirama hin qabaanne) (consistence accounting principles) fayyadamuudha.
6) Galmeessi sochiiwwan herreegaa, waldaalee hojii gamtaa kam iyyuu sirna galmeessa **herregaa "*Akuuraal*"** irraatti kan bu'ureeffate ta'uu qaba.

## 8. Gurmaa'iina Mata duree Herreegaa (Chart of Accounts)

8.1. Waldaalee hojii gamtaa qabeenyaa fi baajata isaatiif koodiiwwan herreegaa keennuun mata duree herreegaa (chart of accounts) akka armaan gaditti qopheessuudhaan diriirsuu qabu.

1) Qabeenyaaf (Asset) waldaalee hojii gamtaa lakkoofsa addaa/code/ herreegaa **100** ka'umsa taasifachuun **hanga199**kennuufiin sirneessuu qabu.
2) Idaa (liability)waldaalee hojii gamtaa tajaajila adda addaatiif ofitti fuudhataniif lakkoofsa addaa/code/ herreegaa**200**ka'umsa taasifachuun **hanga299**kennamuufiin sirneessuu qabu.
3) Kaappitalaquulqulluu waldaalee hojii gamtaatiif (Capital/ Qooda,Kennaa,Of-eggannoo kkf lakkoofsa addaa /code/ **300**keessa jiran fayyadamuu qabu.
4) Galiiwwaan (Revenuess) madda adda-addaa Waldaalee hojii gamtaairraa argamaniif**400**ka'umsa taasifachuun **hanga499** kennamuufiin sirneessuu qabu.

5) Baasiif (Expenses) ka'umsa taasifachuun 500 hanga599 kennamuufiin sirneessuu qabu.

8.2. Galmeewwan fi gabaasni sochiiwwan herreegawaldaalee hojii gamtaa kam-iyyuu tokkoon- tokkoon gulantaalee herreegaa /koodii sochiin herreegaa itti raawwateen bu'uura taasifachuun kan qopha'uu ta'uu qaba.

**9. Tooftaalee fi To'annoo Adeemsa Herreegaa**

1) Herregoonni galmaa'an (entres), ykn sochii herregaa (business transactions) marsaa herregni ittiin raawwatu keessa otuu hin seenin (records /journals, ledgers...) dursee qaama dhimmi ilaallatuun ajajamu /hayyamamu isaa mirkanaa'uu qaba.
2) Herregoonni galmaa'an (entres), ykn sochii herregaa (business transactions) galmee herregaa ( journal) irratti guyyaa guyyaan galmeessuunji'a ji'aan idaamee gara Leejera herregaa Waliigalaa (General ledger) gosa herreega tokkoontokkootiif lakkofsi heerraga addaa itti keennamee baname irraatti dabarfamuu qaba.
3) Odeeffannoon herreegaa galmeewwaan herregaa adda addaa (records irraatti galmaa'ani jiraan yeroo yeroodhaan wayita'aa deemuu qabu.
4) waldaalee hojii gamtaasanadootaa fi nagahewwan herregaa hojiif isaan barbaachisan maqaa fi Asxaa isaaniin lakkoofsa itti fufiinsa qabuun maxxansatanii hojii irra oolchuu qabu.
5) Galiin sassaabamuus ta'e kaffaltiin baasii kam iyyuu kan raawwatamu sanadootaa fi nagaheewwan herregaa maqaa waldaalee hojii gamtaatiin maxxansiisamanin qofaan ta'uu qabu.
6) Itti fayyadama Sanadootaa fi nagahewwan herregaa hojii irra ooluu kan danda'an kutaa faayinansii waldaalee hojii gamtaatiin qofa ta'uu qaba.
7) Sanadoota fi Nagaheewwan herregaa itti hojjetamee xumuramanii fi gabaasawwan herregaa tartiiba yeroo isaanittiin harka qabduu harshameewaldaalee hojii gamtaataa'uu qaba.
8) Yoo xiqqate waggaa keessaatti al tokkoo lakkoofsa, to'annoo fi oditiin sanadoota fi nagaheewwan herregaa itti hojjetamanii fi kanneen itti hin hojjetamin gaggeeffamuu qaba.
9) Sanadoota fi Nagaheewwan herregaa itti hojjetamanii fi gabaasawwan herregaa ji'aa yoo xiqqaate waggoota kudhaniif (10) kutaa harshamee keessaatti bakka nageenyi isaa amansiisaa ta'etti haala duraa fi duuba yeroo isaaniin gosaa fi baraan addaan baasuun sirriitti gurmaa'a'nii faayilatti hidhamani kaa'amuu qaba .
10) Heerragni galii ,baasii fi bittaa nama tokko qofaan raawwatamuu hin qabu.

**10. Sassaabbii fi Bulchiinsa Galii waldaalee hojii gamtaa**

A. Qaama seeraan bakka bu'een ala qaamni biraa kamiyyuu maallaqa waldaalee hojii gamtaamadda kamirraa iyyuu argamu walitti qabuun hin danda'u.

B. Maallaqni madda galii waldaalee hojii gamtaakam irraaiyyuu argamukan sassaabamu naga'ee galii waldaalee hojii gamtaa maxxansise itti fayyadamuun qofa ta'a.

C. Galiin waldaalee hojii gamtaamadda kamirraa iyyuu argamu malaawwan galiin itti sassaabaman adda -addaa kan akka; dabarsa maallaqaatiin, ykn cheekii dhaan lakkoofsa herreega baankiitti maqaa waldaalee hojii gamtaatiinbanametti galii godhamuu qaba.

D. Hanga qaama waldaalee hojii gamtaa gaggeessuuf aangoon kennameefiin mirkaneessuutti namni yookiin qaamni maallaqa waldaalee hojii gamtaamadda kamirraa iyyuu argamu walitti qabuuf (sassaabuuf) hin danda'u.

E. waldaalee hojii gamtaagalii sassaabe madda galii sassaabamee, baasii fi sanadoota kam-iyyuu galmeessee qabaachuudhaan dhuma waggaarratti herrega isaa oditeeraan xinxalchisee, kan sassaabame, kan hojiirraa oolee fi kan gara bara baajata itti aanuutti naanna'e addan baasee Yaa'ii waligalaaf gabaasa godhee mirkaneessisuu qaba.

**11. Bulchiinsa Liqii fi Herreega funaanamu(Account Receviables Management)**

A. Liqeeffattonni waldaalee hojii gamtaa irraa maallaqaas ta'e tajaajilaa fi meeshaalee liqeeffataniif wabii qabeenyaa gahaa qabsiisuu qabu.

B. Waldaaleen hojii gamtaa maallaqas ta'ee tajaajila fi meeshaalee isaanii kan liqeessan miseensota Waldaaleen hojii gamtaaf, yookiin waldaa walfakkaataa qaama seeraa qabu kan biraaf ta'a. Liqiin kennamuu kan danda'u Waldaaleen hojii gamtaa barbaachisummaa liqii keennuu yoo itti amanee fi humni isaa yoo eeyyameefmurtii addaa yaa'ii walii-galaatiin yoo mirkanaa'e qofa ta'a.

C. Haala bu'uuraa dambiin bulmaata yookan qajeelfama liqii Waldaaleen hojii gamtaatiin miseensootniWaldaaleen hojii gamtaaliqii argachuu kan danda'aan;

1) Waldaaleen hojii gamtaa liqeeffataa wajjin qunnamtii hojii cimaa kan qabu,
2) Oomisha liqeeffataa gabaaf dhihaatu karaa Waldaaleen hojii gamtaa dhiheessuuf ykn karaa Waldichaa fedhii dhiheessuu fi gurguruu waliigaltee kan qabu,
3) Liqeeffatichii Waldaaleen hojii gamtaa bira herreega taa'u kan qabu yookiin wabii qabeenyaa gahaa ta'e dhiheessuu kan danda'u yemmuu ta'u ta'a.

D. Liqiin yeroo gabaabaa miseensotaaf kennamu haala waliigaltee liqii gama lachuunuu irratti waliigalamuun ta'ee,

1) Liqiin yeroo gabaabaa waggaa tokko caaluu hin qabu.
2) Liqiin yeroo giddu galeessa waggaa 2-3 caaluu hin qabu
3) Liqiin yeroo dheeraa waggaa 4- 5 caaluu hin qabu

E. Liqeeffataan haala seera ilaalatuunibsameen sababii humnaa ol ta'een yeroo murtaa'e keessatti kaffalee xumuruu yoo dadhabe Koree Hojii Raawwachiistuun sababiin dhihaateef quubsaa ta'uu isaa yoo itti amane yeroo liqii **hanga waggaa 1 dheeressuufii ni danda'a.**

F. Miseensa Waldaaleen hojii gamtaa liqii fudhate yeroo waliigalteen murtaa'e keessatti guutummaatti deebisuu akka danda'u yeroon kaffaltii duraan dursee barreeffamaan beeksisuu qaba. Liqeeffataanis liqii fudhate yeroo murtaa'e keessatti deebisuu qaba.

G. Liqii koree hojii raawwachiistuundhimmoota adda addaaf hayyamu miseensa tokkoof al tokkotti humna liqeeffataa fi dandeetti itti fayyadama maallaqichaa yaada keessa galfachuun akkaataa dambii bulmaataa Waldaaleen hojii gamtaa keessatti ibsameen kan raawwatamu ta'a.

H. Waldaaleen hojii gamtaamaallaqa dhabbilee Faayinaansii irraa liqeeffatanii miseensotaaf liqeessan irratti dhalli kaffalchiisan, Dambii bulmaata waldaa keessattikan murtaa'u ta'a.

I. Miseensi Yeroo kaffaltii eegee liqii kaffalee hin xumurin guyyaa kaffaltiin liqii irra darbee kaasee mallaqa guyyaan kaffaltii irra darbe irratti addabbii**% 3**irratti dabalee akka kaffalu ni taasisiifama.

J. Miseensi kamiyyuu liqii Waldaaleen hojii gamtaa irraa fudhate dhimma liqeeffateen ala olchuun isaa yoo mirkanaa'e yeroo kaffaltii liqii itti waliigalame otoo hin ga'in akka deebisu ni taasifama,

K. Liqeeffataan yeroon kaffaltii itti darbe Maallaqa liqii irratti hafee haala tartiiba armaan gadiitiin kan deebisu ni ta'a;

1) Dursee baasiwwan waldichi dhimma kanaan walqabatee raawwataman,
2) Dhala Maallaqa irratti hafee,
3) Maallaqa haadhoo/ principal/ ni ta'a.

L. Waldaaleen hojii gamtaa miseensota isaa tiif yeroo tajaajilaa ykn meeshaalee liqii dhaan raawwatuutti sanada tajaajilichi itti raawwatame bu'uurefachuun maallaqa miseensota irraa sassaabamusanada irraatti sirnaan galmeessuu qaba.

M. Waldaaleen hojii gamtaa tajaajila ykn meeshaalee miseensota isaa tiif bifa adda addaatiin dhi'essu balaa dhimma kanaan walqabatee qunnamuu danda'u ittisuuf kan gargaaru Maallaqin of eggannoo tajaajilicha irratti % murtaa'ee (allowance for riskis ) walii galtee keessa ka'amuu qaba.

N. Maallaqni Waldaaleen hojii gamtaa tajaajila miseensaa adda addaatiif oolee yeroon kaffaltii isaa irra darbee yeroo dheeraaf deebisiisuuf carraqiin barbachisaa ta'e hundi taasifamee yoo deebi'uu baate yaa'ii waliigalaatti dhi'atee murtee argachuu qaba.

O. Herreegni yeroon kaffaltii isaa itti darbe bu'uuraqajeelfama kanaatiin galmee irraa haqame herreega baasiitiin akka galmeeffamu taasifame hundi, galmee herreegaa addaa irratti galmaa'ee taa'uu qaba. Kunis xiinxala herreegaa oditera keessaa ykn oditera alaa yeroo yeroo dhaan taasifamuuf herreega gara fuulduraa Liqeeffataa irraa barbaadamu hordofuuf bifa dandeessisuun galmaa'ee taa'uu qaba.

P. Koreen to'annoo fi Odiiterri keessaaWaldaaleen hojii gamtaa, liqeeffattoon idaan galmee irraa yeroof haqame isaan ilaallatu humna idicha kaffaluu dandeessisu horachuu isaanii mirkaneessuuf, yoo xiqqaate waggaa keessatti si'a tokko qaama idaan irra jiru xiinxaluu qabu.

    1) "**Liqeeffataan**" Dhaaltonni isaa qabeenya ykn horata biraa kan hin qabne ta'uu seeraan mirkaneeffachuu,
    2) Wabiin liqeeffataa qabeenya ykn horata biroo kan hinqabne ta'uu isaa mirkaneeffachuu,
    3) Liqeeffataan beeksisaan yeroo adda addaa waamamichi taasifameefii yoo dhi'achuu dhabe.
    4) Herreega funaanamu Waldaan hojii gamtaa liqeeffatoota isaa irraa barbaadu deebisiisuuf tattaaffiiwwan barbaachisan hundi taasifamanii furmaanni dhabamuun isaa yoo mirkanaa'u.

## 12. Bulchiinsa Herreega Baankii

A. Herreegni baankii Waldaaleen hojii gamtaakan banamu Baankii hojii gamtaa Oromiyaa damee dhiheenya isaatti argamutti maqaa waldichaatiin ni banama. Bankiin hojii gamtaa Oromiyaa Waldichatti itti dhi'enyaan hin jiru yoo ta'e Bankota biroo keessatti maqaa waldichaatiin banachuu ni danda'a.

B. Namni cheekiin harka taa'uu, kanqopheessuu fi kaffaltii cheekii kan ajaju, ykn cheekii irratti kan mallateessuu nama walfakkaatuun ta'uu hin qabu.

C. Herreegni baankii socho'uu kan danda'u, namoota seeraan aangoon kennameef qofaan ta'uu qaba.

D. Herregni baankii kamiyyuu ogeessa herreegaafi Odiitara keessaatiin socho'uu hin danda'u.

E. Qaamni cheekii irraatti mallatteessuudhaaf aangoon kenname kamiyyuu cheekii duwwaa irraatti mallatteessuu hin qabu. Cheekii irraatti kan mallatteessuu qabu ergaa sababnii cheekiin mureemuuf guca kaffaltiin itti gaafatamu irraatti sirriitti ibsame

barra'ee qofa ta'a. Cheekiin mallata'ee osoo hin turiin dafee yeroo gabaabaa keessaatti qaama kanfalamuuf kennamuu qaba.

F. Herregin baankiin socho'aan kamiyyuu maddaawwan ragaa seera qabeessa qabaniin deggaramuu fi galmee herregaa irraattiis galmaa'uu qabu.

G. Cheekiin qaama kanfalamuuf osoo hin kennamiin dura hanga bayinaa maallaqaa kanfalamu naga'ee baasii irratti galmaa'u qaba.

H. Cheekiin qaama kaffalamuuf osoo hin kennamiin dura, qaamni kaffaltiin raawwatamuuf hanga bay'inaa maallaqaa kaffalamu sirrii ta'u isaa tiif fudhachuu isaatiif cittuu cheekii paadii iratti / chek stup / haftee irraatti mallatteessuu qaba. Yoo danda'ame qaamni kaffaltiin raawwatamuuf naga'ee galii muruudhaan Waldaa hojii gamtaaf kennuu qaba.

I. Cheekii baankii hojii waldaalee hojii gamtaatiif barbaachisu nama seeraan bakka bu'e ta'ee,baay'ina fuula cheekii fi guyyasaasirnaan adda baasuun mallatteessee fuudhuudhaan galmee cheekii irratti galma'uu qaba.

J. Cheekicha baankiidhaa fuudhe osoo hojii itti hin jalqabiniin dura chaappaanwaldichaa irratti chaappeffamuu qaba.

K. Chekiin qopheessuu irratti dogoggorri yoo uumame barreffamni **"*haqamee jira*" / Void /** jedhu chekicha irraatti dalga barra'ee haqamuudhaan paadii cheekii keessaatti hodhamee ta'u qaba.

L. Paadii cheekiiwwaan itti hojjatamanii ji'a ji'an sirriitti adda ba'aani lakkaawamun guca dhimma kana itti raawwachuuf qophaa'e irraatti galmeessuuqabaa/qabduu/ harshameef) kennamuu qaba.

M. **Walitti araarsa herreega baankii (Bank-Reconcilation)**

   a) Hojjataan herreega dhimmi ilaallatu ji'a ji'aan ibsa herreega baankii (bank statement) Waldaalee hojii gamtaa baankiin qophaa'uu hordoofee fudhachudhaan walitti araarsee herreega baankii hojjachuu fi galmee herregaa baankii irratti galmeessuun qabachuu qaba.

   b) Ibsa herreega baankii Waldaalee hojii gamtaaji'a ji'aan baankiin qophaa'e dhiyaatu fi galmee herregaa baankii Waldaalee hojii gamtaanqophaa'ee jiru gidduutti garaagarummaan yoo mul'ate, garaagarumaa mul'ate battalumatti hojjataa herreega dhimmi ilaallatuun sirraa'e dhiyaachuu qaba.

   c) Hojjataan herreega dhimmi ilaallatu maallaqni herreega baankii Waldaalee hojii gamtaatti qaama biroo /maamiltoota isaa tiin galii ta'aan yoo jiraate, naga'e galii (***bank deposit slip***) baankii irraa fuudhuun galmee herregaa baankii irraatti galmeessuu qaba.

d) Hojjataan herreega dhimmi ilaallatu ibsa walittii araarsa herrega baankii ji'a ji'aan qopheessee, ji'ichi darbee yeroo guyyaa 6 keessatti qaama waldicha geggeesuuf gabaasa dhiyeessuu qaba.

## 13. Bulchiinsa Maallaqa Callaa (Cash flow Management)

13.1. Bulchiinsi maallaqa callaa sirna armaan gadii hordofuu qaba.

A. Karoora galii fi baasii waggaa ji'aan qoodanii qopheessuu.

B. Kurmaana kurmaanaan kan naanna'u yaa'insa tilmaama galii fi baasii maallaqaa callaa qopheessuu.

13.2.Karoorri maallaqa callaa yommuu qophaa'u baajata waggaa Yaa'ii waliigalaatiin mirkanaa'ee irratti hundaa'uudhaan waggaa keessatti galiin sassaabamuu fi baasiin kaffalamu gita herreegaatiin adda bahee dhiyaachuu qaba.

## 14. Bulchiinsa Kaazinaa /Sanduuqa Maallaqaa/

a) Waldaalee hojii gamtaa yeroo kaazinaa bitan furtuuwwan kaazinaa waliin kennamaniin alatti furtuun biroon Kan hin hojjatamin ta'uu isaa ykn gara fuulduraas kan hin hojjatamne ta'uu isaa dhaabbata kaazinaa Waldaalee hojii gamtaatti gurgure waliin waliigaltee gochuu qabu.

b) Qabaan/Qabduun kaazinaa Waldaalee hojii gamtaa Furtuu kazinaa hunda isaa itti gaafatamummaadhaan ofitti fudhachuu qaba.

c) Kaazinaa Waldaalee hojii gamtaa keessa seeraan kan eeyyamameen alatti qabeenyaa fi sanadoonni dhuunfaa keessa taa'uu hin qaban.

d) Maallaqni Waldaalee hojii gamtaa kam-iyyuu baankitti akka galu gochuun dirqama ta'uun isaa akkuma eegametti ta'ee bal'ina hojii irraa Kan ka'e hangi maallaqaa saanduqa keessa buluu qabu danbii bulmaata Waldaalee hojii gamtaa irratti kan tumame caaluu hin qabu.

e) Waldaalee hojii gamtaa nageenya kaazina amansiisaa ta'e uumuudhaaf qabduu /qabaa maallaqaaf kutaa hojii eegumsaa ga'a qabu keennuuf qabu.

## 15. Bulchiinsa Baasiiwwaan (ExpenseManagement)

1. Waldaalee hojii gamtaa bulchiinsa maallaqa callaa bu'a qabeessa ta'e hojii irra oolchuuf dandeettii faayinaansii waldichaa tilmaamuu fi hanqina faaynaansii muudatu uwwisuuf hojmaata dandeessisu dursanii diriirsuu qabu.
2. Kaffaltiin kamiyyuu osoo hin raawwatamin dura akka seerabiyyaatiitti herreegaalee hirrifamu qabaan sirriitti shallagamanii hangi kaffaltii raawwatamu irraa hiriifamu qabu. Maallaqni kaffaltii irraa hiriirfame guutuu fi guutummaan qaama dhimmi ilaallatuuf yeroodhaan galii ta'u qaba.

3. **Akaakuu fi sirna raawwatiinsa kaffaltii**

A. Kaffaltiin baajata baasii adeemsa hojii Waldaalee hojii gamtaa gaafatamu kamiyyuukan raawwatamu karaa kutaa hojii faayinansii dhaan qofa ta'e, Ajajni kaffaltii barbaachisaa ta'e osoo hin guutaminii fi qaama aangoon seeraan kaffaltii ajajuuf kennameefiin osoo hin mirkana'iin kaffaltiin maallaqa Waldaalee hojii gamtaa kamiyyuu raawwatamuu hin danda'u.

B. Kaffaltiin maallaqa raawwatamuu Kan danda'u baajatni karooraan qabamee Yaa'ii waliigalaatiin mirkanaa'ee yoo jiraate qofa dha.

C. Kaffaltiiwwan maallaqa Waldaalee hojii gamtaa qaama kaffalamuuf kamiif iyyuu bifa, maallaqa callaa /Cash/, ykn cheekii dhaan, ykn xalayaa kireediitii tiin /letter of credit/ , ykn dabarsa mallaqaatiin, ykn kaffaltiin karaa baankii akka raawwatamu xalayaa ajaja kaffaltii baasii gara baankiitti darbu fayyadamuudhaan kan raawwatamu ta'a.

D. Qaamni kaffaltiin cheekiidhaan raawwatamuuf dhaabbata yoo ta'e, namni cheekicha fuuchuu dhufu durse xalayaa bakka bu'iinsa seera qabeessa ta'e Dhaabbata cheekiin barreeffameef irraa dhiyeessuu qaba.

4. **Waldaan Hojii Gamtaa kaffaltii baasii raawwachuun dura dhimmoota armaan gadii irratti xiyyeeffachuu qabu:-**

a) Kaffaltiin osoo hin raawwatamin dura sanadni deggartuu baasii /Support document/ dhi'achuu qabu.

b) Kaffaltii suphaa fi haroomsaa, hojii ijaarsaa, fi bittaa adda addaa raawwachuuf qaama ilaallatu irraa ragaan seera qabeessa ta'e dhi'achuu qaba.

c) Kaffaltii baasii hojii ijaarsa piroojeektii kaappitaalaa raawwachuuf, waraqaanragaa mirkaneessa kaffaltii(payment certificate) mahaandisa gorsaa seera qabeessa ta'een mirkanaa'e dhiyaachuu qaba.

d) Meeshaalee fi tajaajilaaf taasifamu irraatti Kaffaltiin raawwatamuu kan qabu dhi'essi meeshaalee YKN tajaajilaa dhi'achuun YKN kennamuun gatiin bu'uura waliigalteen ta'uu isaa erga mirkanaa'ee booda ta'uu qaba.

e) Kaffaltii kamiyyuu qabduu mallaqaa Waldaalee hojii gamtaa birratti galii osoo hin ta'in hojjettoota galii guyyaa guyyaa irraa kallatiin baasii ta'uu hin qabu.

f) Hojjataan bittaa, kaffaltii duraa raawwachuuf maallaqa kutaaherregaa irraa baasii taasise guyyaa baasichi raawwatame irraa eegalee guyyaa hojii **kudhan keessatti** herrega ofirraa buusuu qabu.

g) Hojiwwan kallattiidhaan hojii fi faayidaa Waldaalee hojii gamtaa hin ilaallannef kaffaltiwwan qaama alaatiin gaafatamaniif,waadaa galuun, kanffaltii maallaqaanis ta`ee akaakuun kennaan kammiyyuuraawwachuun hin danda'amu.

h) Waldaaleen hojii gamtaa deeggarsa ogummaa addaa yoo isaan barbaachise koree hojii raawwachiistutiin murteessuun yaada deeggarsaa qaama waldaalee hojii gamtaa gurmeessuuf aangoon seeraan kennameef EBWHG Oromiyaatti dhiheessuun deeggarsa ogummaa addaataasifamuuf irratti kanfaltii seeraan raawwchuun ni danda`ama.

i) Deeggarsa ogummaa,to'annoo fi hordoffiif Ejensii BWHG sadarkaan jiruu fi qaamoleen mootummaa/ miti mootummaa adda -addaatiin naannoo hojii waldaa hojii gamtaatti argamuun taasisaniif durgoo,boba'aa fi kan biroo kamiyyuu maallaqaanis ta`ee akaakuun kennuun/kaffaltii raawwachuun /hin danda`amu.

j) Waldaalee hojii gamtaa kessatti leenjii biyya keessaa, biyya alaa fi Muuxannoowaljijjirraa ilaalchisee karoora yaa'ii waliigalaan mirkanaa'e fi qorannoonhanqinaalee jiran adda baasuu /Training Need Assessment/ osoo hin gaggeeffamin kaffaltii raawwachuun hin danda`amu.

k) Leenjii qaamolee mootummaa fi miti motumaatiif karoora Waldaalee hojii gamtaa keessatti qabamee barbaachisummaan isaa yaa'ii walii galaatiif dhihaatee otuu hin mirkanaa'in kaffaltii leenjii kam iyyuu raawwachuun hin dandaamu.

**16. Kaffaltii Peerolii**

1. Kaffaltiiwwan dhimma mindaa hojjattoota dhaabbataa, koontiraataa, hojjattoota guyyaa, fi faayidaalee adda addaa kan raawwatamu qabu peerolii irraatti qofaa ta'uu qaba.
2. Kaffaltiiwwan peerolii osoo hin raawwatamiin dura akka kanfalamu qaama aangoon seeraan kennameefiin mirkanaa'uu qaba.
3. Peeroliichi qophaa'uun dura kutaa hojii bulchiinsa qabeenyaa namaa irraa guyyaa hojii hojjetamee fi mallattoo to'annoo yeroohojjattootaa guyyaa guyyaan mallata'ee dhi'achuu qaba.
4. Peerolii kaffaltii mindaa hojjattootaa ji'a hojiin itti hojjatame keessaatti guyyaa digdamii Shan (25) iraa eegalee dafee qophaa'e hanga guyyaa soddomaffaa (30) tti ykn dhuma ji'aa tti hojjattootaaf kanfalamu qaba.
5. Waldaalee hojii gamtaapeeroolii mindaan hojjetootaa itti kaffalamu ji'a ji'an yommu qopheessu, buusii sooramaa fi herrergawwan hirrifama adda addaa sirnaan mindaa hojjetoota isaaf kaffalu irraa hirrisuudhaan qaama aangoon seeraan kennametti galii taasisuun raga isaa perolii waliin walqabsiisee kaa'uu qaba.

**6. Kaffaltiin mindaa osoo hin raawwatamiin dura qabxileen mirkanaa'uu qaban:**

a) Mindaa hojjetootaa kaffaluuf gitni hojii mindaan itti gaafatamee eyyamamuun isaa,

b) Hojjataan dhimma hojii dhaaf kaffaltii dursaa kutaa hojii faayinansii dha fudhate yoo jiraate, osoo kaffaltiin hin raawwatamin ofirraa busuu isaa mirkaneeffachuu qaba.

c) Kaffaltiin mindaa hojjetaa raawwatamukan qabu hojjataa maqaan isaa peerolii irraatti argamuun qofaaf ni ta'a.

d) Kaffaltiin mindaa karaa bakka bu'aatiin kan raawwatu yoo ta'e, qaama seeraan bakka bu'iinsi kennameef xalayaa bakka bu'iinsaa hojjatichi bakka bu'iinsa itti kennee mallattoo hogganaa bakka bu'iinsicha mirkaneessee waliin dhiyaateen kaffaltiin ni raawwatama.

e) Dhimmoota qophii peerolii kafaltii mindaa raawwachuuf gargaaran kan akka jijjiirama iskeelii mindaa, qaxarrii hojjataa haaraa, guddina sadarkaa hojjataa, hojii irraa gad lakkisuu hojjataa, adabbiiwwaan mindaa fi kkf peerooliin mindaa ji'a osoo hin qophaayin guyyoota kudhan (10) dura kutaa hojii herregaatiif dhiyaachuu qaba.

f) Mindaa fi faayidalee adda addaa yeroo kaffaltiin raawwatamuu qabu keessatti osoo hin raawwatamin hafan yoo jiraate, guyyaa kafaltiin itti raawwatee egalee guyyoota kudhaan (10) keessaatti baankii tti deebi'ee herreega waldiichaatti galu qaba.

**17. Buulchiinsa Maallaqa Baasiiwwan Xixxiqqaaf (Petty Cash Fund Managment)**

1. Waldaalee hojii gamtaaqabduu maallaqaa ol-aanaan alaatti baasiiwwaan xixiqqaa guyyaa guyyaa /Petty Cash/raawwatamuuf qabduu maallaqaa petty cash ramaduun kaffaltiin hojii guyyaa guyyaa gama kanaan raawwachuu qabu.
2. Maallaqnipetty cash seeraan murtaa'e hojii irra kan oolu baasiiwwaan armaan gadiitti heeraman qofa ittiin raawwachuuf ta'a:

a) Bittaa xixiqqaa,

b) Bittaa tasaa fi ariifachiisaa,

c) Baasii adeemsa kaffaltii idileetiin deemuf yeroo kan hin kenninef

d) Baasii deddeebi'ee qunnamuu danda'uuf,

e) Maallaqa kana bittaa meeshaa dhaabataaf oolchuun hin dandaamu.

3. Hangi Kaffaltiin al-tokkoon piitii kaashii keessaa raawwatamu dambii ittin bulmaataWaldaalee hojii gamtaakeessaa keessaatti ibsuun hojiirra ooluu qaba.
4. Kaffaltiin maallaqa xiqqaa keessaa raawwatamu ragaa seeraan dhiyaate irratti hundaa'ee sanada kaffaltiin kan deeggaramu fi mallattoo hojiigaggessaaWaldaalee hojii gamtaatiin ta'uu qaba.

5. Adeemsi itti fayyadama maallaqa pettycashkaffaltiin irraa raawwatamee hangi maallaqichaa yemmu xiqqaachaa deemu haala armaan gadiitiin kan bakka bu'u ta'a..

**A)** Foormiin gaaffii petty cash bakka buusaaguutamee ogeessa herreega baasii tiif ni dhiyaata,

**B)** Foormii gaaffiin maallaqa bakka ittin buuu guutamee wajjin sanadoonni kaffaltiin petty cash duraa ittin raawwatameef ragaa seeraa qabeessa ta'aan ogeessa herreega baasiitiin sanada gaaffii dhihaate waliin walqabatee ni dhiyaata,

**C)** Ogeessi herreega baasii gaaffii maallaqaa itti dhiyaate sanadoota kaffaltiin ittiin raawwate waliin walbira qabee qulqulleesseeilaaluun hanga kaffaltiin maallaqni petty cash keessaa kaffalame, sanadaan bakka buusuun sanadoota kaffaltiin mallaqicha keessaa ittin raawwatame faayila taasisuun ni ka'a.

6. Ogeessi herreega baasii Maallaqa petty cashbakka buusuuf baasii ta'ee, harka qabduu maallaqaa petty cash gale herreega isaa mata duree herrega isaatiin galmee herreegaa irrattini galmeessa.

**18. Durgoo Oolmaa fi Kaffaltiiwwan Dursaa Hojiidhaaf raawwatamu**

1. Kaffaltiiwwan durgoohojjattoonnii fi miseensonni koreeWaldaalee hojii gamtaahojiif jechateessoo Waldaalee hojii gamtaa alakiiloo meetirii kudhaan **(10)** fi isaa ol fagaatanii deemaniif kaffaltiidurgoo hojii hojjachuuf kaffaltiin kan raawwatamu ta'a.
2. Hojiin Waldaalee hojii gamtaa karooraan kan geggeefamu ta'ee kutaaleen hojii waldichaa jiran hojjatoota hojii dirreef bobaasanii fi hojii hojjatamuu maluuf itti gaafatamummaa ni qabaatu.
3. Durgoon hojii dirreef osoo hin kanfalaman dura hojiwwan dirree irratti raawataman hangi hojii raawwatamuu, yeroon itti xumuramuu fi qulqullinni isaa karoorfamee beekamuu qaba.
4. Kaffaaltiiwwan durgoo raawwatame yeroo ji'a tokkoo hin caalle keessaatti herregni isaa bu'uu qaba. Hafteen Maallaa hojiin itti hin hojjatamne kan jiru yoo ta'e, maallaqicha guutuutti kutaan faayinaansii hordoffii taasisuun galii akka ta'u gochuu qaba.
5. Hojjataan kaffaltii durgoo dursee fudhatee of-irraa hin buusiin, kaffaltiin biroo kamiyyuuraawwatamuufii hin danda'u.

6. Kaffaltiin durgoos ta’ee kan biroo hojiif dursee kaffalman yeroo daangeeffame keessaatti ragaan dhi’atee herregn hin bu’in, gara herreega waliitti qabamaatii (receivables) jijjiirramuun qaamni maallaqichi irra jiru seeraan gaafatamuu qaba.
7. Galmeen kaffaltii durgoo kophaatti Ogeessa herreega baasii biratti gulanata gulantaan galmaa’ee qabamuu qaba.
8. Hojjattoota hojii Waldaalee hojii gamtaaf jecha adeemsaa fi turmaata hojiif naannooo hojii ala ba'uun gara dirree bobaa’anii osoo hin deebiin hafanii achuma dirree bulaniif kaffaltiin durgoo guyyaa biyya kessaa fi alaa haala qabtamaa Waldaalee hojii gamtaatiin dambii kessaa Waldaalee hojii gamtaa keessatti tumamee yaa’ii waliigalaatiin erga mirkanaa’ee hojiirra oluu qaba.
9. Durgoo biyyaa alaatti raawwatamuun walqabate faayidaa deemsi biyyaa alaa Waldaalee hojii gamtaaf qabu irraatti hunda'uudhaan hangakaffaltiin maallaqaa durgoo guyyaa kan ministeerri maallaqaa baasuun kan raawwatamu ta’a.
10. Kaffaltiin geejibaa taarifa geejibaaMootummaan ba’een kan raawwatamu ta’a.

**19. Sirna Bulchiinsa Qabeenyaa Dhaabbataa.**

1. Qabeenya dhabbataan Waldaalee hojii gamtaa hojjechuun YKN bittaan YKN kennaadhaan horate fi tajaajillisaa waggaa **lamaa**fi gatiin bittaa isaa qarshii **1,000** olta’e qabeenya dhabbataa keessatti ramadama.
2. Qabeenya dhaabbataajedhamanii kanneen ramadaman keessaa isaan ijoon:-;
   a) Gamoowwan turanii fi kan ijaarsa irra jiran.
   b) Manneen kuusaa turanii fi ijaarsa irra jiran,
   c) Warshaalee fi meeshaalee isaanii
   d) Meeshaawwan biiroo /waajiira keessaa kan akka kompiitaraa, minjaala, sheelfii kkf,
   e) Tiraaktera, kombaayinara, Konkolaataawwan, doqdoqqee ykn cycle
   f) Maqaa gaarii (Good Will) fi
   g) Meeshaalee biroo kana fakkaatan hunda hammata.
3. Miseensonni Koree adda addaa fihojjatoonni qabeenya hojiif harka isaanii gale of-eeggannoo fi ittigaafatamummaan kunuunsuun qabuun itti fayyadamuun isaan irraa eegama.
4. Haala qabeenyaaWaldaalee hojii gamtaa ilaalchisee galmee qabeenyaa irratti odeeffannoon guutuu ta'e galmeeffamuu qaba..
5. Qabeenya mana kuusaa keessatti argamuf ittigaafatamummaan isaa kanhojjetaa mana kuusaa ni ta’a.

6. Adeemsii galii fi baasii QabeenyaaWaldaalee hojii gamtaa gara mana kuusaatti yommu galii taasifamu bifa sirna duraa fi booddee /FIFO/ hordofeen ta’uu qaba.
7. Waldaalee hojii gamtaa qabeenya dhaabbii abbummaa isaanitiin qabamee jiru hunda galmee qabeenya dhaabbii qopheesuun odeeffannoo guutuu waliin galmeeffatanii qabachuu qabu.
8. Harka tokkoon tokkoo hojjatootaa Waldaalee hojii gamtaaMeeshaa dhaabbataa jiru kaardii odeeffannoo qabeenyaa irratti galmaa'uirratti galmaa’ee qabamuu qaba.
9. Bulchiinsnsi faaynansii Waldaalee hojii gamtaa kaardiwwanniifi galmeewwan qabeenyaa dhaabbataa yeroo yeroodhaan haaromuun weyitawwaa ta’ee guutamaa jiraachuu isaa to’achuu fi mirkaneeffachuu qaba.
10. Kaardii qabeenyaa dhaabbii irratti odeeffannoon galmeeffamuu qabu kanneen armaan gadii ni ta’a:

A) Akaakuu qabeenya dhaabbtichaa, Gosa oomishichaa, lakkoofsaa addaa manni hojichaa kenneef, kkf ,
B) Qabeenyi dhaabii kamiyyuu odeeffannoon isaanii kaardii qabeenyaa dhaabbii irratti guutamuu fi galmaa'u kan qabu guyyaa fi gatii qabeenyichi ittiin bitame, ykn hojjetameen ta'u qaba. Qabeenyichi maallaqa biyya alaatiin bitame yoo ta’e, guyyaa qabeenyichi itti bitametti kan ture bu’uura gatii sharafayeroo sanaatiin jijjiruun galmeessuu qabu.
C) Iddoo qabeenyichi dhaabbii itti argamu,
D) Sadarkaa fi haala qabeenyichi dhaabbii irra jiru.
E) Lakkoofsa addaa qabeenyichaaf kenname.

11. Gatiin qabeenyi dhaabii kamiyyuu odeeffannoon isaanii kaardii qabeenyaa dhaabbataa irratti ittiin guutamuu fi galmaa'u gatii qabeenyichi ittiin bitame, ykn ijaarameen ta'e gatichi kaneen aramaan gadiitti xuqaman dabalata:

a) Baasii guutuu bittaa qabeenyichi dhaabbii ittiin raawwatame fi yoo gamoo ta'e, gatii ijaarsichaaf godhame /ittiin gaaffiin gatii kontiraaktarootni hojii dhiheessan ykn gamoodhaf kan godhaman,
b) Baasiiwwan geejibaa, fe'uu fi buusuu dhaaf (loading & unloading cost), inshuraansii yeroo meeshaan bitame geejjiba irra jiruutti (insurance during transit) fi yeroo ijaarsaa,
c) Baasiiwwan kallattii kanneen biraa fi baasiiwwan bulchiinsaa, tajaajilawwan gorsaa, fi kkf qabeenyaan dhaabbii bitamees ta'e ijaarameen tajaajila barbaadamaniif hojii irraa hanga oolchuutti ba'ii ta'aan kan qabate ta’uu qaba.

12. Waldaalee hojii gamtaa odeeffannoo qabeenyaa dhaabii kamiyyuu gatii isaatiin kaardii qabeenyaa dhaabbii irratti yemmuu guutuu fi galmeessuut odeeffannoo Nagahee baasiin itti godhame seera qabeessaa fi guutuu ta'e qabate kaardii/galmee qabeenyaa dhaabbii irratti galmeessuu qabu.
13. Qabeenyaan dhaabbii Waldaalee hojii gamtaa tokko nama kanaan dura qabeenyichaa eegu tokko irraa kan gara nama biraatti jijjiiramu yoo ta'e, akaakuun maqaa namoota dhuunfaa itti-gaafatamummaan eegumsaa qabeenya dhaabbii kanaaf kennameef irra deebi'uun sirrachuu qaba.
14. Waldaalee hojii gamtaa waggaa wagaadhaan qabeenyaawwan dhaabbataa isaanii lakka'uu qabu.
15. Badiin qabeenyaa Waldaalee hojii gamtaa kamiiyyuu irratti yoo raawwatamu ykn qabeenyawwan jiraachuuf dhiisuun isaanii kan hin beekamne ta'ee yoo argamu, dhimmichi gaggeessitoota Waldaalee hojii gamtaatiif gabaafamuu fi yeroodhuma sanatti baduu,ykn dhabamuu qabeenyaa Waldaalee hojii gamtaa irratti qorannoon adeemsifamuu qaba.
16. Baasiin tajaajila (dullumaa) meeshaa dhabbataa Mala sarara qajeeloo /straight line method/ tiin akka armaan gadiitti ni shallagama.

20. **Gosa meeshaalee dhaabbii**

| **Lakk** | **Gosa meeshaalee dhaabbii** | **Hir'ina Tajaajilaa**% |
|---|---|---|
| 1 | Gamoo | %5 |
| 2 | Konkoolaataa | %20 |
| 3 | Meeshaalee M/Kuusaa fi Waajjiraa | %10 |
| 4 | Meeshaa Qonnaa | % 12 |
| 5 | Warshaa | % 20 |
| 6 | Horii Qonnaa | % 33 |
| 7 | Mana kuusaa Midhaanii | % 10 |
| 8 | Elektirooniiksii | % 25 |
| 9 | Mana, Waajjira (Kuusaa) | % 10 |
| 10 | Bo'oo Jalliisiitiif | %2.5 |

1. **Tilmaama gatii irra deebi'anii fooyyeessuu(Revaluation Model)**

a) Qabeenyi dhaabbataa gatii jalqabaan qabamee jiru haala gatii gabaa jiruun yoo tilmaamame gatii gabaa qabame irraa dhumoo tajaajilaa fi miidhamni yoo jiraate irraa hirrifamuu qaba

b) Adeemsi irra deebii tilmaama gatii qabeenya dhaabbataa yeroo taasiifamu haala seeraqabeessa ta'eefi ogeessa dhimmi ilaaluun tilmaama gatii gabaan ta'uu qaba.Tilmaamni gatii gabaa kunis haala qabatamaa qabeenyichi irra jiru irraa fagaachuu akka hinqabne hubatamuu qaba.

**21. Adeemsa Qabeenyaa Waldaalee hojii gamtaa Tajaajilaan Alaa ta'e /Xumure/ Ittiin Dhabamsifamuu**

1. Waldaaleen hojii gamtaa qabeenyi isaaniitajaajilaan ala ta'e yookin xumure, bu'a-qabeessa ta'uu hin dandeenye yookin hin barbaachisne dhabamsiisuu ni danda'u.
2. Waldaaleen hojii gamtaaqabeenyaa sababiiwwan kanaan gadii tiin dhabamsiisuu ni danda'u.
   1. Qabeenyichi kan hin barbaachifne yookintajaajila isaa xumuruun bu'a qabeessa ta'uu dhabuun isaa yoo mirkanaa'e,
   2. Itti fufiinsi /jiraachuu/ qabeenyicha baasii olaanaaf kan saaxilu ta'uun isaa yoo mirkanaa'e,
   3. Qabeenya walfakkaataa yookin gosa tokko ta'ee hedduminaan qabaachuun humna gadi hojjachaa jiraachuun isaa yoo mirkanaa'ee yookin itti fayyadamuu kan hin dandeenye yoo ta'ee,
3. Qabeenya waldaalee hojii gamtaa dhabamsiifamuun dura haal-dureewwan raawwatamuu qaban:-

A) Sababni qabeenyichi akka dhabamsifamu barbaachiseef quubsaa ta'uu isaa ,

B) Qabeenyichi dhabamsifamu gatii gabaa yeroo sana baasuu danda'u ogeessaan tilmaamsisuu fi

C) Mala ittiin dhabamsiifamu adda baasuun murteedhaaf yaa'ii walii galaaf dhiheessuu.,

22. **Sirna To'annaa qabeenya mana kuusaa keessa jiruu fi lakkaawwii /inventory/**

1. Qabeenya mana kuusaa /stock/ keessa jiru jechuun Sochii hojii idilee Waldaalee hojii gamtaa keessatti tajaajila irra kan ooluuf kuufaman kan akka :
   a) Meeshaa barreessaa fi meeshaawwan biiroo,
   b) Meeshaawwan jijjiirraa / spare parts,
   c) Meeshawwan dhumataa

d) Meeshaaleeadda addaa tajaajila irraa hanga oolanitti manakuusaa keessatti kuufaamanii jiran;
e) Meeshaawwan ykn omishaalee dheedhii warshaa keessa galanii omishaaf adeemsa irra jiran.
f) Omishaalee bu'aa warshaa hanga gabaaf dhihaatanitti mana kuusaa keessatti kuufamanii jiran

2. Sanadoota to'annoo meeshaalee mana kuusaa

❖ Sanadoonni galii fi baasii meeshaalee yommuu maxxanfaman lakkoofsi isaa walitti fufiinsaan /consquetive /kan maxxanfaman ta'uu qaba

A) Istookii fi biin kaardii
B) Naga'ee galii meeshaa mana-kuusaa /GRN/,
C) Naga'ee baasii meeshaa mana kuusaa /SIV/
D) Unka gaaffii baasii meeshaa ,
E) Gucawaan /Moodeelota armaan olitti ilaalamaniin erga itti hojjatamanii booda battalumatti galmeewwanii fi kaardiwwan istookii irratti galmeeffamuu qaba.
F) Qabeenyaa galii taasisuu, baasuu, faayidaa irra oolchuun fi dhabamsiisuu gahuumsaan hordofuun mana kuusaa keessatti hojimaata armaan olitti ibsame diriirfamee hojiirra oluu qaba.

3. Waldaalee hojii gamtaa odeeffannoowwan kanatti aanan kan qabatan galmeewwan meeshaalee mana kuusaa qabachuu qabu. Akaakuu ibsa meeshaawwanii,oomisha fi kan biroo amala isaaniitiin adda ba'uu qaban .

A. Gatii bittaa meeshaalee,
B. Mana kuusaa keessa Qabeenyi akaakuu adda addaa yoo jiraatan tokkoon tookkoon isaaniitiif biin kaardiin jiraachuu qaba,
C. Odeeffannoo sanadoota meeshaalee galii fi baasii itti taasisman qabaachuu qaban ,
   1. Guyyaa itti galii yookiin baasii itti taasisan ,
   2. Baay'inaa fi gatii meeshaa tokkoo fi gatii walii galaa
   3. Gatii fi baay'ina meeshaa mana kuusaa keessatti hafee.

## 23. Sirna Gabaasa Herregaa

1. Waldaalee hojii gamtaa sochii hojii faaynaansii mana hojiichaa kan argisisu gabaasa herrega kan yeroo (Perodic Reports) tokkoon tokkoo:

A. Ji'aa (monthly),
B. Kurmaanaa (quarterly),
C. Ji'a jahaa (semi - annualy) fi
D. Gabaasni herreegaa ji'a ji'aancufuun Koree Hojii Raawwachiiiftuu fi Ejensii Babalina Waldaalee Hojii Gamtaa sadarkaan jiraniif ibsa yaalii herreega /Trial balance/ fi

gabaasa herreega cufuu fi odiitii taasisuun waggaatti yaa'ii waliigalaa tiif dhiyeesuu qaba.

2. Akkaataan gabaasi sochii hojii faaynaansii mana hojiicha itti dhihaatu fedhii Koreen hojii raawwachiiftuu fi Yaa'ii waliigalaa fi fedhii deeggarsa kennitoota faaynaansii tilmaama keessa kan galchu ta'uu qaba,
3. Seerota qabiinsa fi galmaa'ani sochiiwwan herregaa idil addunyaan irraatti itti kan hundaa'e ta'uudhaan;

A. Galiiwwanii fi baasiiwwan,
B. Bu'aa fi Kasaaraa (Income Statment) ,
C. Ibsa qabeenyaa fi idaawwaan (Balance Sheet) Waldaalee hojii gamtaa,
D. Ibsa Kaappitaalaa (capial statement) Waldaalee hojii gamtaa,
E. Yaa'iinsa /Sochii Maallaqaa callaa (cash flow statement), fi
F. Bara baajattichaatti ragaalee fi ibsawwan herregoota biroo kan haala fi sochiiwwan faaynaansiiWaldaalee hojii gamtaagutuummatti mul'isan ta'uu qaba.

4. Waldaalee hojii gamtaa barri baajataa erga xumuramee booda ji'a tokko keessatti herrega isaa cufee gabaasa sochii hojii faaynaansii walda hojii gamtaa qopheessuudhaan ibsa herreegaa barbaadamu boordii fi Yaa'ii waliigalaa tiif dhiyeessuuf dirqama qaba.
5. Koreen hoji raawachiiftuuWaldaalee hojii gamtaa gabaasa sochii hojii faaynaansii Waldaalee hojii gamtaa odiitara alaa tiin (external auditor)beekamtii Ejensii Babali'ina Waldaa Hojii Gamtaa Oromiyaatiin qorachiisuu ni danda'a.

## 24. Maddoota sassaabbii galii Faayinansii WHG

1. Waldaalee hojii gamtaa madda adda addaa irraa maallaqa sassabuu ni danda'u.

A. Galii galmee miseensootaa (miseensa waldaa hojii gamtaa kan ta'an irraa)
B. Gurgurtaa qooda irraa
C. Gurguurtaa adda addaa (xa'oo, Omisha, Buna) irraa
D. Kiraa meeshaalee irraa,
E. Meeshaaleen tajaajila kennan irraa
F. Baankii irra yookiin dhaabata qarshii liiqeesu irraa
G. Dhala irraa,
H. Galii madda addaa adda irraa ta'a
I. Waldaaleen hojii gamtaa Galii sassaabamu kamiif iyyuu nagahee seeraa kennuu qabu.

J. Gurgurtaan omiishaa nagahee gurguurtaa gibiira dabalata gibiiran (VAT) ykn Turn Over taaksii dhaan kan sassabamuu yoo ta'e, Nagahee gurguurtaa dhimma kanaaf qopha'ee irraatti galma'uun galii ta'a,

**2. Akaakuuwwaan nagahee:**

**A) Nagahee Galii**

Galii galmeessuun haala armaan gadii irraa madda: -

1) Bifa Maallaqa callaattin ykn bifa cheekiitiin galiin yoo galu
2) Maallaqni lakk. herregaa baankiitti galii ta'ee, ragaan mirkaneessa galii baankii (Bank Deposit slip) yoo dhiyaatu
3) Maallaqni gara lakk. Herrega baankiitti darbee waraqaan mirkaneessa dabarsa baankii (Bank advice) yoo dhiyaatu.
4) Galii galmeessuuf ragaan bu'uuraa (maddi ragaa) Nagahee galii Fakkii 1 irratti argamuudha.

**3. Qabannaa, Tamsaasaa fi Itti Fayyadama Nagaheen Galii**

Nagaheen galii, hojjetaa herrega dhimmi ilaalu harka taa'u ta'ee, Galii guyyaa akka sassaabaniif namoota ramadaman seeraan kennamee hojiirra akka oluu ni taasifama. Nagaheen galii koopii sadiin qophaa'ee haala armaan gadiitiin tamsa'uu qaba.

1) Koopiin jalqabaa (orijinaaleen) nama maallaqiicha galii godheef (kaffaluusaaf) akka ragaatti kennama
2) Koopiin 2ffaan kutaa herregaaf kennama
3) Koopii 3ffaan immoo osoo hin muramiin paadii (hidhaa) keessatti hafa.

B) **Herreega Baasii Yeroo**

1. Nagahee Kaffaltii Sanada Yeroo (Suspense Payment Voucher)

   Kaffaltiin dursaa Kan raawatamu daangaa hayyamame keessatti yoo ta'u fi kaffaltiin dursaa kennamu yeroo dursa murta'e keessatti herregi isaa kan bu'u yoo ta'e qofa ta'a. Kaffaltii dursaa akka maallaqa callaatti waan lakkaa'amuuf saanduqa (kaazinaa) keessa taa'a.
2. Qabannaa, Tamsaasaa fi Itti fayyadama

a) Maddi ragaa kaffaltii dursaa galmeessuuf ka'umsa ta'u Nagahee Kaffaltii Sanada Yeroo (Suspence Payment Voucher) dha.
b) Yeroo kaffaltiin dursaa raawwachuuf barbaachisu hojjetaan herrega baasii nagahee kaffaltii sanda yeroo qopheessee kaffaltichi akka raawwatamu maallaqa qabaatti erga. Maallaqa qabaanis saanduqa keessaa kaffaltii dursaa raawwata.
c) Kaffaltiin Nagahee Kaffaltii Sanada Yerootiin raawwatamee galmee maallaqa calla (cash book) keessatti hin galmeeffamu.

d) Nagaheen kaffaltii Sanada Yeroo akka maallaqa callaatti waan lakaa'amuuf kaazinaa keesa taa'a.

e) Baasiin Nagahee Kaffaltii Sanada Yeroo (NKSY) tiin raawwatame Kaardii Leejera Xiqqaa Baajataa /Baasii (Budget ledger card) keessatti akka dirqama seenutti galmaa'a.

f) Nagaheen kaffaltii sanada yeroo baallee tokko qofaan qophaa'a waan ta'eef orjinaallli malee kooppii hin qabu.

g) Yeroo herregni bifa kaffaltii dursaatiin kaffalamee bu'u, Nagaaheen kaffaltii sanda yeroo  Void tahee sanada raga waliin hidhamee ta'a.

3. **Nagahee Baasii (Payment Voucher)**

Herreegni baasii maallaqa callaa, yeroo maallaqni bifa maallaqa callaatiin, cheekiidhaan ykn dabarsa herrega baankiitiin raawwatamee mirkaneessa baasii baankii (Bank advice) tiin deeggaramu irraa eegalee koppii lamaan qopheessee haala armaan gadiittiin tamsa'a.

a) Koppii jalqabaa Galmee Herregaa irratti akka galmeessuufhojjetaa Herregaaf ergama.

b) Koppii lammaffaan, Ragaa Kaardii ta'ee utuu hincitin hidhaa (paadii) keessatti hafa.

24. **Yeroo Qajeelfamn Kun Hojii Irra Itti Oolu**

Qajeelfamn  kun  guyyaa ogganaan Ejensii babalina waldaalee hojii gamtaa Oromiyaatiin mallattaa'ee ba'ee egalee kan hojiirra oolu ta'a.

**__________ Bara 2016**

**Jamaal Kadir**

**Hogganaa Ejesii Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa Oromiyaa**

**Finfinnee**

**Logo /Asxaa Waldaalee hojii Gamtaa**

Figure 1

**Nagahee Galii**

Lakk. ______________

Guyyaa ____________

Waldaa Hojii Gamtaa ___________________ I/G/M

Maqaa kaffalaa ______________________________________________

Teessoo:____________________________________________________

Lakkoofsa adda kaffalaa (lakk. kaffalaa gibira - TIN) ______________

Tessoo

Naannoo _______________ Zone _______________ Aanaa ___________ Gandaa_____ Lakk Mana_____

Akkaataa /Bifa galiin itti guuramu;

Maallaqa callaan

Cheekiidhaan Lakk. Cheekii____________ Guyyaa cheekii____

Ragaa galii Baankiitiin (Bank Deposit slip) Lakk.mirkaneessa galii baankii_____ guyyaa_____

Dabarsa Baankiitiin (Bank advice) Lakk. heertuu_____

Lakkoofsa Herrega Baankii______________________________

Hanga maallaqaa lakkoofsaan___________________________

Hanga maallaqa jechaan _______________________________

Sababa kaffaltii

________________________________________________________________________________

________________________________________________________________________________

**Ramaddii Herreegaa**

Kodii herreegaa________Debit__________credit ______________Ida'ama

**Kan qopheesse:**

Maqaa_______________ Mallattoo__________ Guyyaa _______________

**Galii Kan fudhatee:**

Maqaa________________ Mallattoo ___________ Guyyaa ______________

**Figure 2Logo /Asxaa Waldichaa**

**Nagahee Gurgurtaa**

Lakk___________

Guyyaa_________

Waldaa Hojii Gamtaa ___________________ I/G/M

_______________________________irraa______________

| Lakk | Ibsa | Safartuu | Baayiina | Gatii tokko | Gatii waliigalaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | | | | | |
| 2 | | | | | |
| 3 | | | | | |
| 4 | | | | | |
| 5 | | | | | |
| 6 | | | | | |
| | | | | | |

Hanga mallaqaa jechaan ____________________________

Lakk.cheekii _______________

Kan qopheesse

Maqaa __________________________

Mallattoo ________________

Guyyaa ____________

**Galii Kan fudhatee**

Maqaa ________________________.

Mallattoo _______________

Guyyaa _________________

**Figure 3**

**Galmee Gurgurtaa Guyyaa (Daily Sale Record)**

Fuula ____________

Waldaa Hojii Gamtaa __________________ I/G/M

Guyyaa

| Lak | Ibsa gurgurtaa | Baayyina | Gatii | Gatii tokko | Gatii Waligalaa |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |

- ✓ Galiin dabtara galmee gurguurtaa irratti galmaa'a.
- ✓ Galiin dabtara galmee gurguurtaa irratti yeroo galmaa'u gurgurtaan guyyaa ramaddii meeshaa gurgurtaan ta'ee walitti ida'ama

**Figure 4**

**Logo /Asxaa Waldichaa**

Guyyaa__________

Waldaa Hojii Gamtaa ____________________ I/G/M

**Nagahee Kaffaltii Sanada Yeroo**

Koodii_____________

Maqaa_____________________________________________________

Gulantaa Herrega Baaasii_________________

Sababa baasichaa

___________________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________________

Hanga maallaqaa lakkofsaann. _____________

Hanga maallaqaa jechaan____________________________________________________

**Kan qopheesse:~**

Maqaa ____________________Mallattoo_____________Guyyaa _______________

**Kan Mirkaneesse:~**

Maqaa ___________________Mallattoo ______________Guyyaa ________________

**Kan fudhate:~:**

Maqaa__________________Mallattoo ______________Guyyaa _______________

**Figure 5** **Logo /Asxaa Waldichaa**

**Nagahee Baasii**

Waldaa Hojii Gamtaa ____________________ I/G/M

Tartiiba Lakk__________

Guyyaa_________________

Maqaa maallaqa fudhata __________________________________________

Teessoo:_______________________________________________________

Lakkoofsa adda kaffalaa (lakk. kaffalaa gibira - TIN) ______________

Tessoo

Naannoo __________ Zone __________ Aanaa __________Ganda __________ Lak. Mana ____

**Haala Kaffalti**

Maallaqa callaan ________

Cheekiidhaan __________ Lakk. Cheekii ________________ Guyyaa___________

Dabarsa Baankiitiin ___________ Lakk. Heertuu ____________

Hanga maallaqaa (Qar)___________________

Hanga maallaqaa jechaan (Qar)_________________________________

**Sababa baasiichaa** ___________________________________________________________________

_____________________________________________________________________________________

Ramadii baajataa

Kodii herrega

| Ibsa | Debit | Kiredit |
|---|---|---|
| | | |
| | | |

**Kan qopheesse** **Kan Mirkaneese**

Maqaa ______________________Maqaa ________________________

Mallattoo ____________________Mallattoo ___________________

Guyyaa________________ Guyyaa___________________.

**Kan fudhatee**

Maqaa________________________.

Mallattoo ___________________.

Guyyaa _________________

**Figure 6**

**Logo /Asxaa Waldichaa**

**Unkaa Bakka Buusa Baasii Xixiqqaa**

Waldaa Hojii Gamtaa ____________________ I/G/M

| T.L | Ibsa | Ramaddii herreegaa | Baasii | Madaala |
|---|---|---|---|---|
| Maallaqa Baasii Xixiqqaa | | | | 30,000.00 |
| 1 | Tajaajila qulqullinaaf | | xxx | |
| 2 | Hojjeetaa humnaaf | | xxx | |
| 3 | Tajaajila barreefamaaf | | xxx | |
| 4 | Bobaaf | xxx | | |
| 5 | Ida'ama baasii adda addaa | | xxx | |
| 5 | Haftee | xxx | | |
| 6 | Mallaqaa Bakka bu'u | | xxx | |
| 7 | Faandii baasii xixiqqaa | | | 30000.00 |

Mallattoo qabduu mallaaqaa ____________________

Figure 7

**Logo /Asxaa Waldichaa**

Waldaa Hojii Gamtaa ____________________ I/G/M

Lakk.__________

Guyyaa_________

**Ajaja Baasii (payment voucher)**

__________________________________________________________ tiif

Sababa kaffaltii ____________________________________________________________

___________________________________________________________________________

Hanga mallaqaa lakkoofsaan ________________________________________________

Hanga mallaqaa jechaan ________________________________________________________

Lakk. Cheekii ____________________________

**Kan ajaje**

Maqaa __________________________

Mallattoo ______________

Guyyaa ____________________

**Kan kaffalee**

Maqaa _________________________

Mallattoo __________________

Guyyaa ______________

**Kan fudhatee**

Maqaa _____________________

Mallattoo __________________

Guyyaa ___________________

Figure 8

Waldaa Hojii Gamtaa ___________________ I/G/M

**Uunka araarsa baankii**

Maqaa Baankii ________________

Lak Here. Baankii ______________

Guyyaa ________ hanga ______________

Madaala akkka ibsa baankiitti xxxx

IDA'AMA:

Dippositii baankiidhaan hin galmaa'iin jiru xxx

hamma dogoggoraan baankiidhaan hirriifame xxx

IDA'AMA: xxxx

**HIRRIFAMA:**

Cheekii Waldichaa Yuniyenichaa kennamanii baankin hin kaffalamin jiran

Lakk.Che. xxx

Lakk.Che. xxx xxxx

Madaala baankii sirraa'e xxxx

MADAALA AKKA HERREEGA MAALLAQAATTI xxxx

IDA'AMA:

Nagahee Galii /Credit Advice/ xxx

Dogoggora Olkeeyyata jia…. irratti xxx

IDA'AMA: xxxx

HIRRIFAMA:

Gatii Tajaajila baankii xxx

Cheekii Fandii Gahaa Hin –Taane xxx xxx

MADAALA MAALLAQA SIRRAA'E xxxx

Maqaa nama qopheesse ____________________________

Mallatoo ________________________

Guyyaa ________________________

Figure 9

Logo /Asxaa Waldichaa

Waldaa Hojii Gamtaa ____________________________ I/G/D

**Nagahee galii meshaalee**

Lakk---------------------

Guyyaa---------------------

Dhiyeessaa _______________________________________ Lakk. Gaafii bitta ________

Lakk. Nagahee (Invoice) dhiyeesaa _________________________________

| Lakkoofsa meeshaa | Ibsa | Safartuu | Baayina | Gatii tokko | Gatii waligala | Yaada |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |

**Kan kenne** **Kan fudhatee**

Maqaa ___________________________ Maqaa________________________________

Mallattoo ___________________Mallattoo ________________

Guyyaa _____________________ Guyyaa ___________________

**Facaatii**

**Orjinala** – kutaa herreegaaf

**Koppii Tokkoffaan** kenna /qaama meeshaa galii taasiseef

**Koppii Lamaffaan**-kutaa meeshaatiif

**Koppii Sadaffaa** -haftuu xirraazii

Figure 10

Logo /Asxaa Waldichaa

Waldaa Hojii Gamtaa ______________________________ I/G/D

**Nagahee Baasii Meshaalee**

Lakk_____________________

Guyyaa_________________

Kutaa hojii ______________________________________________

| Lakkoofsa meeshaa | Ibsa | Safartuu | Baayina | Gatii tokko | Gatii waligala | Yaada |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |

**Kan eeyyame  Kan kenneKan fudhte**

Maqaa _____________________ Maqaa _________________ Maqaa _____________________

Malattoo _______________Malattoo ____________Malattoo __________________

Guyyaa _______________ Guyyaa _______________ Guyyaa _______________

**Facaatii:~**

**Orjinala**:~kutaa herreegatiif

**Koppiin Tokkoffaa:~** Kan meeshaa fudhatuuf

**KoppiinLamaffaa**:~ kutaa meeshaatiif

Figure 11

Waldaa hojii Gamtaa______________________I/G/D

Galmee meeshaa dhaabbata (Bin card)

Maqaa meeshaa__________________________________

| Lakk. Sanada | Guyyaa | Ibsa | Galii | Baasii | Haftuu meeshaalee |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | |
| | | | | | |

Figure 12

Waldaa hojii Gamtaa ________________________ IGD

**Galmee meeshaa Dhabbaataa**

Gosa/akaakuu meeshaa ________________________________________

Guyyaa bittaa____________________________________________________

Gatii meeshaa Qr.__________________________

Lakk meeshaa _____________________

Bara tajaajilaa __________________________________________

**Hir'inaa tajaajila waggaa hir'ina kufamaa**

Waggaa 1ffaa _________________________________________________________

2ffaa _____________________________ _______________________________

3ffaa _____________________________ _______________________________

4ffaa ____________________________________________________________

‘’

**Figure 13**

Seera herreega Deebiitii (DR) galmeessuu fi Kireediitii (CR) galmeessuu

Ramaddiiwwan herreegaa sirna galmeessa herreega dachaa keessatti tajaajilan (double entry system): Madaalii Qajeeltoo

| | (normal balance) | Daballi yeroo galmaa’u | Hirrinni yeroo galma’u |
|---|---|---|---|
| Galii (Revenue) | Kireediitii | Kireediitii | Deebiitii |
| Baasii (Expenditure) | Deebiitii | Deebiitii | Kireediitii |
| Qabeenyaa (Assets) | Deebiitii | Deebiitii | Kireediitii |
| Herreega walitti qabamu (Receivable) | Deebiitii | Deebiitii | Kireediitii |
| Herreega kaffalamu (Payable) | Kireediitii | Kireediitii | Deebiitii |
| Kaappitaala qulqulluu | Kireediitii | Kireediii | Deebiitii |

Figure 14

Waldaa hojii Gamtaa ____________________ IGD

Unkaa Wal-Harkaa Fuudhinsaa Cheekoota fi Nagaheewwaan Ittii Hojjatame fi Itti Hin Hojjatamiin

Guyyaa _________________

Lakk. Unkaa W/Fudhinsaa_____________

Maqaa Hojjataa Dabarsuu _____________________

Maqaa Hojjataa Fudhatuu _____________________

T.L Akaaku cheekii fi Nagahee Lakkofsaa Herrega Baankii Lakkofsaa Baayinaa Jildii(paadii) Ibsaa

Kan itti hojjatamee fi itti hin hojjatamiin ta'u addaan baasuun ibsuu____________________Irraa Hanga__________________________

Akka Kanaa oliittiibsameetti ngaheehewwaan itti hojjatamee fi itti hin hojjatamiin har'aa guyyaa ______________ bara _____________ kan wal-harkaa fuunee ta'uusaa ni mirkaneessina.

| **Kan Dabarse** | **Kan Fudhatee** | **Kan Wal-Harkaa uudhiinsa raawwate** |
|---|---|---|
| Maqaa _____________ | Maqaa ______________ | Maqaa _______________ |
| Mallattoo ___________ | Mallattoo____________ | Mallatto_______________ |
| Guyyaa ______________ | Guyyaa _____________ | Guyyaa _______________ |

Figure 15

Waldaa hojii Gamtaa ____________________ IGD

Unkaa Gaaffii fedhii bittaa (Pre- Purchase Requisition Form)

Maqaa hojjataa gaafatee ________________________

Kutaa hojii (Department)________________________

Guyyaa_________________

. /Item Description /Unit Amount Quantity Ibsa/Remark/

| Lakk | Gosa Meeshaa | Safartu | Baayyina/ | Gatii tokkoo | Gatii Waliigalaa | Ibsa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | Ida'ama | | | | | |

Nagaa Wajjiin

Mallattoo gaafataa_______________________________________________

Kan Ajaje ______________________________________________________

Figure 16

Waldaa hojii Gamtaa ____________________ IGD

Unkaa Gaaffii fi Ajaja Baasii Meeshaa

Lakk __________________________

Guyyaa _______________________

Biiroo/ Waajjira/kutaa hojii ___________________________________tiif kan tajaajilan meeshaalee armaan gadittii barreeffaman harka Obbo/Adde ___________________________________________ tiin akka nuuf kennaman ni gaafanna.

Lakk./ Gosa/akkakuu Meeshaa gaafatame/ Safartuu /Baayinaa/ Gatii tokko/ G/ hundaa/

hogganaa Kutaa hojii Gaafate /Kan akka kennamu ajaje/ /HojjataMeeshaa baasii godhe/ fuudhee/

Maqaa________________ Maqaa ____________________Maqaa ________________

Mallattoo _____________ Mallattoo ________________ Mallattoo _____________

Guyyaa ________________ Guyyaa ___________________ Guyyaa __________